# Ergaa Phawuloos
# Gara Tiitoosii Erge
## Seensa

Tiitoos worra Yihudoota hin te'in keessaa nama gara kiristaanumma'aa deebi'eeru; inni ergaa Phawuloosii ta Wongeelaa, isa woliin ka huju qarqaaraa isaa ti. Phawuloos ergaa tana qarqaarticha ifii Tiitoosii woggaan isaa diqqo'ootiif barreesse. Yennaa san Tiitoos hujii wolde'a kiristaanaa toowataa, biyya Qarxeesii keessa jiraayyu. Ergaan tun yaada gugurdaa sad ifi keessaa qaddi.

Taakkeessoo, sooreyyiin wolde'a kiristaanaa irra caalaa amala badaa worra Qarxeesii biratti yennaa ilaallamu, amala attamii qabaatiisaaf akka malane Tiitoos qaabachiiseera. Lammeessoo, worra wolde'a kiristaanaa keessatti dhaggamu golii adda addaa, jaarsa, jaartii, dargaggoota dhiiraatii fi dubarti'ii, akkasuma tajaajiltoota attamiin akka barsiisu gorsi kennameera. Muummee irratti marroo amala Kiristaanaa keessattuu nageyaa fi lansumma'aan akka jiraattu, wolde'a kiristaanaa keessaa jibbansa, moroma'aa fi wol fojiisa marroo balleessiisaa gorsaa fi akeettiin Tiitoositti kennanteerti.

**Haadhoo Dubbi'ii**


Seensa *1:1-4*

Sooreyyii wolde'a kiristaanaa *1:5-16*

Wolde'a kiristaanaa keessatti qooda hujii golii adda addaa *2:1-15*

Gorsaa fi ifi eegannoo *3:1-11*

## Yaada Buufataa *3:12-15*

1 Ani Phawuloos tajaajilaan Waaqaatii fi ergamaan Yesuus Kiristoosii, dhugeeffannaa worra Waaqaa filameetii fi beekkumsa dhuga'aa ka gara nama Waaqaa te'iisaatitti geessu akka beekanuuf ka erge,
2 dhugeeffanna'aa fi beekkumsi kun, addii jiruu bara baraa, ka Waaqi dhara hin dubbanne, jalqaba baraatiin dura kenne irratti ta hundootte.
3 Yennaan inni murteesse geennaan, ajaja Waaqa fayyisaa keennaatiin karaa lallaba maganne'een natti kennameetiin, Jecha ifii mudhiseera.
4 Karaa dhugeeffannaa woliin qannuun, dhugumaan ilma kiyya ka teete Tiitoos,

Waaqi Abbaan, fayyisaan keenna Yesuus Kiristoos badhaadhaa fi nageya sii kennu.

### *Tiitoos Oddoola Qarxeesii Keessatti Huje*

5 Wonni ani oddoola Qarxeesii keessatti si lakkiseef, waan karaa hin qabatin hafe akka karaa qassiittuu fi akkuma ani si ajaje qachaa duudii keessatti jaarsolee wolde'a kiristaanaa akka filtuufi.
6 Jaarsi wolde'a kiristaanaa ka hin komatanne, ka niitii takka'aa, ka ijoolleen isaalle dhugeeffattuu fi baalagumma'aan yookiin ajajama dhabiisaan maqaan isaanii hin kaane te'uu qaba.
7 Toowataan* wolde'a kiristaanaa tokko maganneen hujii Waaqaa ka itti kennante waan te'eef, ka hin komatanne te'uu qaba. Inni nama kooru,

**1:4** 2 Qor. 8:23; Gal. 2:3; 2 Xim. 4:10 * **1:7** *Toowataan:* Afaan Giriikiitiin Ephes Qophos jedhama

yookiin nama dafee aaru, yookiin nama ma-
chowu, yookiin nama lola jaalatu yookiin nama
beese'eef joljolu te'uu hin qabu.
8 Nama keessummaa fudhatu, nama waan
dansaa jaalatu, nama ifi qabatu, nama qajeelaa,
nama woyyichaa† fi nama adaba qabu te'uu qaba.
9 Worra dhibii barumsa sirrii te'een jajjabeessi-
isaa fi dokonkora worra moromuu mudhisiisaaf
akka dande'u akkuma baratetti ergaa addatantuu
jabeessee qabatuu qaba.
10 Namooti hedduun worri hin ajajane, worri
jecha midhaan hin qanne dubbatee nama wol-
laalchisu, keessattuu worri worra Yihudootaa‡
keessaa dhugeeffate jira.
11 Isaan bu'aa fokkisiisu dhaggatiisaaf jedha-
nee, waan barsiisiisaaf hin malle barsiisaa, maatii
duudii waan laambubanuuf, haasowa isaan kuti-
isa barbaachisa.
12 Isaanuma keessaa, raagichi isaanii tokkoo,
«Worri Qarxeesii yennaa maraa dharaameyyii,
bineensota hama'aa fi booseyyii gadhito'o» jed-
heera.
13 Ragaan kun dhuga'a. Tanaaf, akka isaan
dhugeeffannaa sirrii teete qabaatanu, jabeessi
isaan xixi;
14 haganaa achille isaan oduu Yihudootaa ta
durii, yookiin ajaja worra dhugaa irraa fagaatee
akka hin caqanne godhi.
15 Worra qullowaneef wonni marti qullu'u;
worra batti'ii fi worra hin dhugeeffanneef am-

† **1:8** *Nama woyyicha:* Nama Waaqaaf ifi kenneeru **1:9** 1 Xim. 3:2-7 ‡ **1:10** *Worra Yihudootaa:* Golii worra haqanqabaa qabatuu

moo, waan qalbii fi yaadi gadhaa isaanii battoweeruuf, wonni takkaalle qullu'uu moti.
16 Isaan Waaqa hin beenna jedhan, hujii ifiitiin
ammoo isa mormatan. Isaan worra jibbama'aa fi
worra hin ajajanne, worra waan dansaa tokkolle
hujiisaaf hin dandeenne.

# 2

### *Barnoota Sirrii Te'e*

1 Ati ammoo waan barnoota sirrii te'een wolii
galu barsiisi.
2 Jaarsi ka hagatti le'u, ka kabajaa qabu, ka ifi
qabatuu fi ka dhugeeffannaa, jaalalaa fi ossa sirrii
te'e qabu akka te'u barsiisi.
3 Akkasuma jaartiin adaba ifiitiin ta ifi qabattu teetee, waan dansaa barsiittuutii malee, ta hamattu yookiin ta daadhii yortu akka hin teene barsiisi.
4 Isaan, akka dubartooti ka'im abbaa manaatii fi
ijoollee ifii jaalattu,
5 Jechi Waaqaalle akka hin arraffanne, ta ifi
qabattuu fi qulluu, ta akka dansaa mana ifii qabattu, arja'aa fi ta dhirsaaf ajajantu akka teetu barsiisanuu ti.
6 Akkasuma dargaggooti akka ifi qabattu gorsi.
7 Atinuu waan duudi'iin fakkeenna dansaa
isaaniif te'i. Barsiisiisa keeti keessalle'etti dhugaamessaa fi nama kabajamaa te'uu keeti mudhisi.
8 Worri mormu waan badduu nu irratti dubbatu dhabee akka fokkifatu, jecha sirrii te'e ka hin tuffatanne dubbadhu.

9 Garbooleen goottolee ifiitiif akka ajajantu,
waan maraan akka isaan gammachiittu, akka
dubbii ila keessa itti hin deebinnee fi,
10 akka isaan jalaa wo hin hanne barsiisi.
Barnooti marroo Waaqa fayyisaa keennaa, karaa
duudi'iin akka tolu yennaa mara worra dansa'aa
fi addatamaa akka te'ane mudhisanuu ti.
11 Waaqi badhaadha ifii ka nama maraaf
fayyinna kennu mudhiseera.
12 Badhaadhi kun cubbu'uun jiraatiisaa fi
halchaa badduu biyya lafaa akka lakkinnee,
bara kana keessatti ifi qabannee, qajeellee, akka
nama Waaqaatitti akka jiraannu barsiisa.
13 Addii gammachiittuu* fi ulfinnaan mudhati-
isa Waaqa guddaa fayyisaa keenna Yesuus Kiris-
toosii hin eeganna.
14 Kiristoos hammeenna duudii irraa akka
nu fayyisuu fi waan dansaa hujiisaaf akka
dharraanu, kolbaa ifii qulleeffatiisaaf mataa
ifii dabarsee nuu kenneera.
15 Worra si dhage'u jajjabeessaa yennaa xixxu,
baallii teeti guutu'uun waan kana duudii barsiisi.
Nami tokkolle si hin tuffatin.

# 3

*Waan Dansaa Hujuu*

1 Kolbaan bulchitootaa fi worra baallii qabu
jalatti akka bultu, akka ajajantuu fi karaa maraan
waan dansaa hujiisaaf ta qophootte akka teetu
qaabachiis.
2 Nama tokko irralle'etti hantuu akka hin dub-
banne, nageelliyye'ee fi nama dansaa te'anee,

* **2:13** *Addii gammachiittu:* Addii eebbifante

yennaa mara karaa maraan nama duudi'iif gadhi-
laafinna akka mudhisanu himi.
3 Tanaan qara nuutille gowwoolee, worra hin
ajajanne, worra sobame, worra halcha'aa fi gam-
machuu foonii ta adda addaatiif garboolee tee-
neerru. Nuuti hammeennaa fi hinaaffa'aan le'aa,
worra dhibi'iin jibbatannee wolille jibbaa turre.
4 Ammoo arjumma'aa fi jaalaltiin Waaqa fayy-
isaa keennaa yennaa mudhatte,
5 hujii balchummaa nuuti hunyeef adoo hin
te'in, marartii ifiitiin, karaa dhiqata dhaloota lam-
meesso'ootii fi Ayyaana Woyyichaan haareffami-
isaatiin nu fayyise.
6 Waaqi karaa Yesuus Kiristoosiitiin Ayyaana
Woyyicha nu irratti fakkansee buuse.
7 Badhaadha isaatiin balchoonnee, jiruu bara
baraa ta addi'iin eegannu san akka dhaalluuf inni
tana godhe.
8 Wonni kun jecha dhuga'aa ti.

Worri Waaqatti dhugeeffate hujii dansaa hujiisaaf akka ifi kennu, jabeessitee akka gorsitu barbaada; wonni kun dansa'aa fi ta nama maraaf bu'aa qaddu.
9 Ammoo wol mormii gowwootaa, hidda
dhalootaa laakkowuu, wol lolu'uu fi Seera
Muuse'ee irratti wol dhabiisa irraa fagaadhu.
Sababille wonni kun bu'aa fi gatii hin qaddu.
10 Nama gargar bayiisa kaasu yennaa tokkoo fi
lama itti gorsi, achiin duuba isa woliin womaa hin
qabaatin.
11 Nami akkasii, nama jallatee cubbuu hujee,
yakkaa ifitti mure akka te'e beeki.

*Gorsa Muumme'ee*

12 Ganna qachaa Niqopholiisii keessatti dabarsu'uuf waan murteeffadheef, yennaa ani Arxemaas yookiin Xikiqoos gara keeti erge, haga dandeette ariiti'iin achitti natti dhufiisaaf wodhaan.
13 Zenaasii seera beeka'aa fi Apholoosiif, deensa kara'aatii waan barbaachisu maraan haga dandeette gargaar.
14 Kolbaan teenna leetoo bu'aa hin qanne akka hin leene, waan leeto'oo barbaachisu hujjee dhaggatiisaaf, hujii dansaa hujiisaaf ifi kenniisa barattuu ti.
15 Worri na woliin jiru duudiin nageya siif dhaameera. Worra dhugeeffanna'aan nu jaalatuuf nageya keenna himi.

Badhaadhi Waaqaa isin duudii woliin jiraatu.

**3:12** HuE. 20:4; Efe. 6:21-22; Qol. 4:7-8; 2 Xim. 4:12 **3:13** HuE. 18:24; 1 Qor. 16:12

# Kitaaba Woyyuu

## Oromo, Borana-Arsi-Guji: Kitaaba Woyyuu (Bible)

copyright © 2025 The Word for the World International

Language: gujii

Contributor: Bible Society of Ethiopia

This translation is made available to you under the terms of the Creative Commons Attribution Share-Alike license 4.0.
You have permission to share and redistribute this Bible translation in any format and to make reasonable revisions and adaptations of this translation, provided that:

- You include the above copyright and source information.
- If you make any changes to the text, you must indicate that you did so in a way that makes it clear that the original licensor is not necessarily endorsing your changes.
- If you redistribute this text, you must distribute your contributions under the same license as the original.

Pictures included with Scriptures and other documents on this site are licensed just for use with those Scriptures and documents. For other uses, please contact the respective copyright owners.
Note that in addition to the rules above, revising and adapting God's Word involves a great responsibility to be true to God's Word. See Revelation 22:18-19.

2025-05-02

---

PDF generated using Haiola and XeLaTeX on 2 May 2025 from source files dated 2 May 2025
61e71359-af4b-50d9-8600-a11d0dea133e